

جمعية خدمة المحتوى
الإسلامي باللغات



Islaamaa Amantii uumamaa, sammuu fi milkiiti

Oromoo

أورومي

الإِسْلَامُ دِينُ الْفِطْرَةِ وَالْعَقْلِ وَالسَّعَادَةِ



Koree barnootaa Waldaa Tajaajila Barnoota
Islaamaa Afaanota garaagaraa

الإِسْلَامُ
دِينُ الْفِطْرَةِ وَالْعَقْلِ وَالسَّعَادَةِ

Islaama
Amantii uumamaa, sammuu
fi milkiiti

اللَّجْنَةُ الْعِلْمِيَّةُ
بِجَمْعِيَّةِ خِدْمَةِ الْمُحْتَوَى الْإِسْلَامِيِّ بِاللُّغَاتِ

Koree barnootaa Waldaa Tajaajila Barnoota
Islaamaa Afaanota garaagaraa

بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَنِ الرَّحِيمِ

Islaama

Amantii uumamaa, sammuu fi milkiiti

Maqaa Rabbii akkaan mararfataa akkaan
rahmata godhaa ta'eetiin

Lubbuu tee gaafatteertaa?:

Samiiwwan, dachii fi uumamoowwan
gurguddoo isaan lameen keessa jiru eenyutu uume?
seera wol xaxaa hoonga ga'e kana eenyutu isaan
keessatti tolche?

Uumamni guddaan kun seerowwan isaa kan
woggoota hedduu kana to'annaa akkaan jabaa
ta'een to'atee geggeessuu woliin akkamitti toora
qabachuu fi haala tokko irratti tasgabbaa'aa
dhaabataa ta'uu danda'e?

Uumamni (universii) kun ofii isaatiif of uumee?
moo dhabama irraa dhufe? moo akka tasaatti
argame?

Eenyutu si uume?

Eenyutu seera wal xaxaa kana kan meeshaalee
qaama keetii fi qaamowwan lubbu qabeeyyii biraa
keessa jiru kaa'e?

Manichi kun namni tokkoyyuu osoo isa hin
ijaarin akkasumatti dhufe! yookaan dhabamatu
manicha kana argamsiise isaan jedhamuu
eenyunuu hin qeebalu! namni gariin akkamitti

nama uumamni guddaan kun uumaa tokko malee dhufe jedhu dhugeessa? namni sammuu qabu toora galiinsi wal xaxaan uumamaa kun akka tasaatti dhufe isaan jedhamuu akkamitti qeebala?

Gabbaramaan guddaan kan waahunda uume, Aalama kanaa fi waan isa keessa jiru sochoosu akka jiru mirkana, inni Allaahadha -qulqullaa'e ol ta'e-.

Rabbiin Ergamtoota nutti ergee isaan irratti kitaabolee isaa (wahyii) isaan irratti buuse, xumurri isaa Qur'aana kabajamaa isa Rabbiin Nabi Muhammadiin ergamaa xumuraa irratti buuse, karaa kitaabolee fi ergamoota isaatiin:

* Lubbuu isaa, sifaata isaa, haqa inni nurra qabuu fi haqa nuti isa irraa qabnu beekne.

* Akkasuma inni Rabbii uumama kana uume akka ta'e nu qajeelche, inni jiraataa hin duune, uumamni qabaa isaa, aangoo isaa jalaa fi bulchiinsa isaa jala jira.

akkasuma sifaata isaa irraa Al-Ilm (beekumsa) akka ta'e nutti hime, beekumsa isaatiin waan hundatti marsee jira, inni dhag'aa fi argaa samii fi dachii keessatti wanti tokkoyyuu isa jalaa hin dhokannedha.

Rabbiin isa jiraataa jireenya uumamtoota hundaatiin dhaabbachuun isa qofa irraa ta'edha, inni hundaan dhaabbataa jireenyi uumamtoota hundaa isaan dhabbatudha, Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿اللَّهُ لَا إِلَهَ إِلَّا هُوَ الْحَيُّ الْقَيُّومُ لَا تَأْخُذُهُ سِنَّةٌ وَلَا نَوْمٌ لَهُ مَا فِي السَّمَوَاتِ وَمَا فِي الْأَرْضِ مَنْ ذَا الَّذِي يَشْفَعُ عِنْدَهُ إِلَّا بِإِذْنِهِ يَعْلَمُ مَا بَيْنَ أَيْدِيهِمْ وَمَا خَلْفَهُمْ وَلَا يُحِيطُونَ بِشَيْءٍ مِنْ عِلْمِهِ إِلَّا بِمَا شَاءَ وَسِعَ كُرْسِيُّهُ السَّمَوَاتِ وَالْأَرْضَ وَلَا يَئُودُهُ حِفْظُهُمَا وَهُوَ الْعَلِيُّ الْعَظِيمُ ﴿٢٥٥﴾﴾

{Rabbin isa malee haqaan gabbaramaan hin jiru; (inni) jiraataadha; waan hundaan dhaabbataadha; mugaatiis ta'ee hirribni isa hin qabatu; wanti samiilee keessa jiruu fi dachii keessa jiru (hundi) kan isaati; inni hayyama isaatiin malee isa biratti araarsu eenyuma? waan fuuldura isaaniitii fi waan duuba isaanii ni beeka; beekumsa isaanii irraas waan inni fedhetti malee hin marsanu; kursiin isaa samiilee fi dachii irra bal'ateera; isaan lamaan tiksuun isa hin dadhabsiisu; inni ol ta'aa, guddaadha} [suuraa Al-baqaraa: 225]

* Inni Rabbii sifaata guutuun himamu akka ta'e nutti hime, akkasuma sammuu fi qaama miiraa kan raajii uumaa isaatii fi jabina isaa kan guddina isaa, humna isaa fi guutina sifa isaatti akeeku argu nuuf kenne, akkasuma uumama guutina isaatti akeeku nu keessatti gadi dhaabe, inni hir'inaan himamuun gonkumaa hin malu.

* Rabbiin sammiiwwan isaatii olitti akka ta'e nu barsiise, Aalama keessa kan hin seenne Aalamnis isa keessa kan hin seenne.

* akkasuma isaaf harka kennachuun nurratti

dirqama akka ta'e nutti hime, inni uumaa keenya, uumaa Aalamaa fi sochoosaa isaati.

Rabbiin waan hunda uume sifaata guddaa qaba hajaamuun yookaan hirdhinaan himamuu tasumaa hin malu, Rabbiin hin dagatu, hin rafu, nyaata hin nyaatu, haati manaa yookaan ilmi isaaf ta'uun tasuma hin malu; keyyattooleen hundi kan guddina uumaa faallessuun isii keessa jiru isiin wahyii dhugaa kan ergamtoonni Rabbii isaan dhufan irraayii miti.

Rabbiin ol ta'e Qur'aana kabajamaa keessatti ni jedhe:

{قُلْ هُوَ اللَّهُ أَحَدٌ ۝ اللَّهُ الصَّمَدُ ۝ لَمْ يَلِدْ وَلَمْ يُولَدْ ۝ وَلَمْ يَكُنْ لَهُ كُفُوًا أَحَدٌ ۝}

{Jedhi: "Inni Allaah (gabbaramaa dhugaa) tokkicha*

Allaahan hirkoo waa hundaati*

Hin dhalle hin dhalannes*

Hiryaan tokkos isaaf hin taane} [Suraa Al-ikhlaas: 1-4]

Rabbii waa uumutti ni amanta yoo ta'e... dhimma maalitiif akka umamte gaaf tokko of gaafatteertaa? Rabbiin maal nurraa fedhaa, kaayyoon argamuu keenyaa maalii?

**Rabbiin nu uumee akkasumatti
gadhiisaatti nu dhiisuun ni malaa? Rabbiin
uumamtoota kana hunda kaayyoo tokko
yookaan galma tokko malee akkasumatti kan
isaan uume ta'uun ni malaa?**

dhugaan jiru Rabbiin waa uume guddaan "Allaahaan" galma nu uumeef nutti himee jira, innis Rabbiin qofa akka gabbarruufi, maal nurraa barbaada! isuma qofatu gabbartii akka haqa godhatu nutti himee jira, akkasuma karaa ergamtoota isaatiin akkamitti akka isa gabbarru ifa nuuf godhee jira? akkasuma waan inni itti ajaje hojjachuu fi waan inni irraa dhoorge irraa dhooragamuun akkamitti akka isatti dhihaannu? jaalala isaa akkamitti akka argannu? adabbii isaas akkamitti akka sodaannu ifa nuuf godhee jira, akkasuma itti gala keenya booda du'aas nutti himee jira?

jireenyi duuniyaa kun qormaatuma qofa akka ta'e fi jireenyi dhugaa kan guutuu ta'e booda du'aatii Aakhiratti akka ta'u nutti himee jira.

akkasuma namni Rabbiin akka inni ajajetti gabbaree, waan inni dhoorge dhiise; duuniyaatti jireenyi gaariin, Aakiraatti immoo qananiin cita hin qabne akka isaaf jiru nutti himeera, nama isa faallessee isatti kafare immoo duuniyaatti hoongoo, Aakiratti immoo adabbiin cita hin qabne akka isaaf

jiru nutti himee jira.

**namni hunduu jireenya kana keessatti
toltuu yookaan hamtuu hojjateef, mindaa
waan hojjatee osoo hin argatin hafuun akka
hin jirre waan beeknuuf jecha; worra nama
miidhaniif adabbiin osoo hin jiraatin worra
toltuu hojjataniif immoo mindaan osoo hin
jiraatin hafuu moo?**

Rabbiin keenya jaalala isaatiin milkaa'uunii fi adabbii isaa jalaa bilisa ba'uun amantaa islaamaa keessa seenuun malee akka hin taane dhugumatti nutti himee jira, Islaamummaa jechuun inni isaaf (Rabbiif) harka kennuu fi isuma qofa osoo homaa itti hin qindeessin gabbaruu, isaaf ajajamuun isa jala deemuu fi jaalalaa fi qeebaltiin shari'aa isaa hojii irra oolchuudha, Rabbiin namoota irraa islaama malee amantaa biraa akka hin qeeballe dhugumatti nutti himee jira, Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿وَمَنْ يَبْتَغِ غَيْرَ الْإِسْلَامِ دِينًا فَلَنْ يُقْبَلَ مِنْهُ وَهُوَ فِي الْآخِرَةِ مِنَ الْخَسِرِينَ﴾

{Namni Islaamaan maletti amantii barbaade isarraa hin qeebalamu, Aakhiraattis inni warra hoonga'an irraayi} [Aal imraan: 85]

namni waan irra hedduun namootaa yeroo kana keessatti gabbaran ilaale; tokko kan ilma namaa gabbaru, inni kaan taabota kan gabbaru, inni kaan

urjii kan gabbaruu fi waan biroo kan gabbaran arga, nama sammuu qabuuf Rabbii Aalamaa sifaata isaatiin guutuu ta'e gabbaruu malee kan biraa isaaf hin malu, akkamumatti uumamaa akka isaa yookaan kan isaa gadii gabbara! gabbaramaan ilma namaa yookaan taabota yookaan muka yookaan bineensa ta'uun gonkumaa hin ta'u!

amantaan hardha keessatti namoonni isaan gabbartii raawwatan -islaama malee- Rabbiin isaan hin qeebalu, isaan amantaalee nam tolcheedha, yookaan immoo amantaalee Rabbiin irraa dhuftu kan taate eegasii harki namaa itti seenee kan isiin taphateidha, islaamni garuu amantaa Rabbii Aalamaa, kan hin jijjiiramneedha, kitaabni amantaa kanaas inni Qur'aana kabajamaadha, inni kitaaba akka Rabbiin isa buusetti kan tikfameedha, hanga guyyaa hardhaattis afaan ittiin ergamaa xumuraa irratti bu'een harka muslimootaatti akkuma tikfametti jira.

Bu'uuraalee islaamummaa irraa hunda ergamtootaa kanneen Rabbiin isaan ergeetti amanuudha, hundi isaaniituu ilma namaa irraa turani Rabbiin mallattoolee fi raajiwwan addaa addaatiin isaan gargaaree, gara isa qofa osoo isatti hin qindeensin gabbaruutti akka waamaniif isaan erge, ergamaan xumuraa inni ergamaa Muhammadi -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- kan Rabbiin qajeelfama xumuraa kan

gooftaa isa ta'e kan qajeelfamoota ergamtoota isa dura turanii haquun isaan ergee, maallattoowwan gurguddoon isaan gargaare, irra guddaan mallattoolee sanii, Qur'aana kabajamaa, haasawa Rabbii Aalamaati, kitaaba ilmi namaa isa beeku keessaa irra guddaa kan ta'e, qabatama isaatiin, jecha isaatiin, galumsa isaatii fi murtoowwan isaatiin raajii kan ta'e, kan isa keessa haqni gammachuu duuniyaa fi Aakhiraatti geessu jiruudha, dhugumatti kan afaan Arabiffaatiin bu'een isaan gargaare.

Qur'aanni kun haasawa Rabbii akka ta'ee fi gonkumaa nam tolchee akka hin taane kan mirkaneessu ragaalee sammuu fi saayinsii hedduutu jira.

Bu'uuraalee islaamummaa keessaa malaa'ikaatti amanuu, guyyaa dhumaatti amanuu, yeroo Rabbiin guyyaa qiyaamaa namoota qabarii isaanii hojii isaanii irratti isaan herreguuf jedhee isaan kaasu, haala mu'umina ta'een namni gaggaarii hojjate qananii dhaabbataa ta'eetu jannata keessatti isaaf jiraa, namni kafaree badii hojjate immoo ibidda keessatti adabbii jabaatu isaaf jiraa amanuudha, akkasumas bu'uuraalee islaamummaa irraa toltuu yookaan hamtuu Rabbiin murteessetti amanuudha.

amantaan islaamaa dambii ittiin bulmaataa jireenyaaf guutuu ta'e, kan uumamaa fi sammun wol simatu, kan lubbuun sirrii taate isa qeebaltu,

kan Rabbiin guddaan uumama isaatiif karaa godheedha, inni namoota hundaaf duuniyaa fi Aakhiraatti amantaa toltuu fi gammachuuti, sanyii tokko sanyii tokko irraa, akkasuma bifa tokko bifa tokko irraa adda hin baasu, isa keessatti namoonni wol qixa, islaamummaa keessatti hanga hojii isaa toltuutiin yoo ta'e malee namni tokko kan biraa irraa adda hin ta'u.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿مَنْ عَمِلَ صَالِحًا مِّنْ ذَكَرٍ أَوْ أَنَّىٰ وَهُوَ مُؤْمِنٌ فَلَنُحْيِيَنَّهٗ حَيٰوةً طَيِّبَةً وَلَنَجْزِيَنَّهُمْ أَجْرَهُم بِأَحْسَنِ مَا كَانُوا يَعْمَلُونَ﴾ (٩٧)

{Dhiiras ta'ee dubartii irraa nama mu'umina ta'ee dalagaa gaarii hojjate, dhugumatti jireenya gaarii isa jiraachifna; mindaa isaaniis irra gaarii waan isaan dalagaa turaniitiin isaan mindeessina} [An-nahli: 97].

waan Rabbiin Qur'aana keessatti gadi jabeesse keessaa Rabbiin rabbummaa isaatii fi gabbaramummaa isaatti, islaama amantummaa isaatti, Muhammadiin ergamummaa isaatti amananii isalaamummaatti seenuun dubbii dirqamaa kan ilma namaatiif filannoon biraa hin jirreedha; guyyaa qiyaamaa herregaa fi mindaan akka jiruudha; namni mu'umina dhugaa ta'e milkii fi gammachuun guddaan akka isaaf jiru, namni kaafira ta'e hoongoo ifa galaan akka isaaf jiru gadi jabeesseera.

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿... وَمَنْ يُطِيعِ اللَّهَ وَرَسُولَهُ يُدْخِلْهُ جَنَّاتٍ تَجْرَى مِنْ تَحْتِهَا الْأَنْهَارُ خَالِدِينَ فِيهَا ۚ وَذَٰلِكَ الْفَوْزُ الْعَظِيمُ ﴿١٣﴾ وَمَنْ يَعْصِ اللَّهَ وَرَسُولَهُ وَيَتَعَدَّ حُدُودَهُ يُدْخِلْهُ نَارًا خَالِدًا فِيهَا وَلَهُ عَذَابٌ مُهِينٌ ﴿١٤﴾﴾

(... Namni Rabbiifi ergamaa Isaatiif ajajame jannatoota jala ishee laggeen yaatu keessatti hafoo ta'anii isaan seensisa, Kun milkii guddaadha,

(Namni Rabbiifi ergamaa Isaa faallessee, daangaawwan Isaas dabre, kan ishee keessatti hafu ta'ee (Rabbiin) ibidda isa seensisa. Isaafis adabbii xiqqeessaa ta'etu jira) [An - nisaa:13-14]

Namni islaamummaatti seenuu barbaade akkana jechuutu dirqama isa irratti ta'a: (Ash'hadu an laa ilaaha illaallaahu wa Ash'hadu anna muhammadan rasuulullaah), hiika isaa beekke itti amanuu qaba. Kanaan muslima ta'a. eegasii waan Rabbiin dirqama isa irratti godheen akka dhaabbatuuf jecha seera islaamaa xiqqo xiqqoon barataa deema.

Odeeffannoo

dabalataatiif:

<https://byenah.com/om>



Baafata

Islaama.....	2
Amantii uumamaa, sammuu fi milkiiti	2
Eenyutu si uume?	2
Rabbiin nu uumee akkasumatti gadhiisaatti nu dhiisuun ni malaa? Rabbiin uumamtoota kana hunda kaayyoo tokko yookaan galma tokko malee akkasumatti kan isaan uume ta'uun ni malaa?.....	6
namni hunduu jireenya kana keessatti toltuu yookaan hamtuu hojjateef, mindaa waan hojjatee osoo hin argatin hafuun akka hin jirre waan beeknuuf jecha; worra nama miidhaniif adabbiin osoo hin jiraatin worra toltuu hojjataniif immoo mindaan osoo hin jiraatin hafuu moo?	7



om368v1.0 - 24/04/2026



جمعية خدمة المحتوى
الإسلامي باللغات

